# KARAA JIREENYA HAARAA



Kiristoosin Fudhachuu Jechuun Maal Jechuu Akka Ta'e Hubachuu

JOYCE MEYER

#1 *NEW YORK TIMES* BESTSELLING AUTHOR

# Karaa
# Jireenya Haaraa

*Gooftaa Yesuus Kiristoosiin Amananii Fud-hachuu Jechuun Maal Akka Ta'e Hubachuu /Beekuu*

Tajaajila Jooyis Meyeer

Yoo haala addan ibsame malee, kutaan Macaafa Qulqulluu hundumtuu kan fudhatamee hiikkaa Macaafa Qulqulluu Amplified jedhamuu irraati. Amplified Kakuu Moofaa, CopyRight© 1965,1987 Mana Maxxansaa Zondervan Corporation. Amplified Kakuu Haaraa Copyright© 1954,1958,1987 Mana maxxansaa Lockman Foundation. Eeyyamaan fayyadamne.

Copyright© 2007 Joyis Mayeeri

Mirgi Maxxansaa kan Egamee dha.

Jechoota Amantii /Faith Words/

Hachette Book Group

237 Paarkii Avenu, New York, NY 10017

Web saayitii keenya daawwadhaa: www.twbookmark.com.

Maqaan fi Faajjiin "Faith Words" jedhamu Mallattoo daldalaa
Hachette Book Group, Inc.

Barreessaan Kitaaba kanaa seenaa Boqonnaa 3 irraa jiru

Dr. Monroe Parke lallaba isaani keessatti fakkeenya itti fayyadamani

irra eeyyamaan kan dhaabata Gospel Projects Press, P.O. Box 643,

Milton, FL 32572; copyright 1977. www.childrensbibleclub.com kan fudhatameedha.

Kan Maxxansame Biyya United States of America tti dha.

Maxxansaan jalqabaa Muddee 2006

10 9 8 7 6 5 4 3 2 1

Libraty of Congress Cataloging-in-Publication Data

Meyer, Joyce

Karaa Jireenya Har'aa:

Gooftaa Yesuus Kiristoosin Amanani fudhachuun maal akka ta'e beeku.

(A New Way of living: understanding what it means

to accept Christ / Joyce Meyer. -1st ed.)

p. cm.

ISBN-13:987-0-446-58155-4

ISBN-10: 0-446-58155-0

1. Christian Life. 1. Title

Joyce's messages can be viewed in a variety of languages at

tv.joycemeyer.org

# Contents

MURTOO BAAY'EE BARBAACHISAA YEROO HUNDAA FUDHACHUU QABDU ....................................... 4

HUNDUMTI KEENYA CUBBAMNEERRA ........................................................................................ 7

BOQONNAA SADII ...................................................................................................... 11

YERICHI YEROO OF KENNUU/ BOOJI'AMUUTI. ......................................................................... 11

BOQONNAA AFUR ...................................................................................................... 15

KARAA JIREENYA HAARAA ............................................................................................. 15

BOQONNAA SHAN ...................................................................................................... 20

ILAALCHA HAARAA ..................................................................................................... 20

BOQONNAA JAHA ....................................................................................................... 24

DUBBII KARAA HAARAA ................................................................................................ 24

BOQONNAA TORBA ..................................................................................................... 27

KARAA HAARAA ITTIIN OF- ILAALTU ................................................................................... 27

BOQONNAA SADDEET ................................................................................................... 30

SODAA AMANTIITTI JIJJIRUU ............................................................................................ 30

# BOQONNAA TOKKO

# MURTOO BAAY'EE BARBAACHISAA YEROO HUNDAA FUDHACHUU QABDU

Ati jireenya keeti hin quufnee? Yoo akkas ta'e, inni si qofa miti. Namoonni hedduun dadhabaniiru, jireenyi itti ulfaateera, duwwaa dha, hin geessifanne. Muraasni amantii abdii furmaata fiduu keessatti karaa isaaniitti dhaga'ameen qoramaniiru, jireenya malee akka waan baa'aa qofa ta'eetti fi seerota hin barbaachifne kan isaan eeguu hin dandeenyen. Ati amantii qorame qabda taanaan, sababa duwwummaa kee, dhiphina kee fi yakkamaa ta'uu keef Waqaayyo si qore jechuu miti.

Jaalatamuu barbaadda yoo ta'e, hiriyaa barbaadda yoo ta'e, cubbuun kee akka siif dhiifamu yoo barbaadde, egeree kee yoo barbaaddee fi kkf, Yesuus Kiristoos deebii keeti. Inni jireenya haaraa siif kennuuf si eegaa jira. Akkasumas mallattoo uumama haaraa si gochuu barbaada.

Yoo jireenya keetti hin quufne ta'e, waan jijjiruun siif ta'u qabda. Waan wal fakkaataa tokko itti fufnee kan goonu yoo ta'e jireenya wal fakkaataa yeroo hunda qabaanna. Murtoo fudhachuu qabda, innis murtoo baay'ee barbaachisaa yeroo hunda fudhachuu qabdu dha.

Murtoon kun filannoo hojii keerra baay'ee barbaachisaa dha. Eessatti kolleejjii akka hordoftu, eenyu waliin gaa'ela akka godhatu, qarshii kee akkamiitti hojiirra akka oolchitu, yookiin eessa akka jiraatu. Murtoon kun waa'ee jireenya bara baraa ilaallata. Bara barummaan yeroo xumura hin qabne fi tokkoon tokkoon keenya eessatti dabarsuuf akka jiru beekuu nu barbaachisa. Du'a booda jireenyi jira. Yeroo duutu, jiraachuu dhaabda miti, kallatumaan bakka biraatti jiraachuu

itti fufta. Du'uu jechuun akka cuufaan manaa geengoo isheerra naannofti jedhameeti. Bakka tokko gara bakka biraatti jijjirachuu jechuu dha.

Lafa kana irratti Waaqayyo wajjin waliitti dhufeenya qabachuu fi isa wajjin bara baraan jiraachuu barbaadda? Yoo akkas ta'e Yesuus Kiristoos akka fayyisaa lubbuu keetitti fudhachuu qabda. Hundi keenya iyyuu cubbamoota fayyinni nu barbaachisa. Waaqayyo ilma isaa tokkicha adabbii gatii cubbuu keenyaa akka baasuuf nuuf ergeera. Inni fannifamuun kanfaltii gatii dogoggora keenyaaf dhiiga isaa qulqulluu dhangalaase. Inni ni du'e, ni awwaalame, garuu gaafa guyyaa sadaffaa warra du'oota gidduudhaa ka'e, ammaa samiitti mirga Waaqayyo Abbaa taa'ee jira. Nagaa qabaachuuf, gammaduu fi Waaqayyo wajjin walii galuuf abdiin kee tokkichi isa qofa.

Cubbuu keenya irraa fayyuuf Macaafni akka nuti dhugaa banuu, Yesuus Gooftaa ta'uu isaa akka beeksifnu fi Waaqayyo du'aa akka isa kaase laphee keenyatti akka amanu nu barsiisa.

Yesuus Gooftaa akka ta'e afaan keetiin yoo beeksiifte, Waaqayyo du'aa akka isa kaase immoo garaa keeti yoo amante fayyina bara baraa ni argata (Rom 10:9).

Amantiin akkanaa beekumsa sammuu irraa baay'ee caala, fedha guutuu fi garaa irraa kan amananii dha. Namoonni baay'een akka Waaqayyo jiru ni amanu, garuu jireenya isaaniin isatti of hin kennan. Waaqayyo madda jireenyatti, akkasumas fedhii kee fi gammachuu dhaan gara isaatti deebitee jireenya akka argattu barbaada. Waaqayyo fedhii bilisaa wajjin si uume waan ta'eef humnaan akka isa filattu si hin godhu. Garuu isa filattees filachuu baattees garaagarummaan gahumsa jireenyaa as lafa kanarratti jiraatuni fi yeroo Addunyaa kanarra boqottu jireenya bara baraa keessatti eessatti akka dabarsituuf haal-duree murteessadha.

Jireenya kee gaggeefachuuf waan gaarii hojjattertaa? Yoo hin taane, gara isa si uume fi isa ati of beektu caalaa isa si beekutti maaliif hin deebitu? Ani maashinii tokko bitee yoo inni rakkoo godhachuu eegale fudheen gara kuubbaaniyaa oomisheetti geessa, isaaniis naaf sirreessu. Qajeelfamni Waaqayyo kana wajjin wal fakkaata. Inni si tolchee, baay'ees si jaallata. Yoo jireenya kee itti hin gammane /si hin quubsine/ ta'ee gara isaatti geessi inni siif sirreesa.

Akkuman kanaan dura jedhe, murtoo keen ala waanti jijjiramu tokko illee hin jiru. Kiristaana ta'uu barbaadaa? Cubbuu kee qofa osoo hin taane, Jireenya kees Waaqayyotti kennuu qophooftetaa? Karaa kee isa cubbamaa irraa deebi'uuf fi jireenya haaraa Waaqayyo wajjin jiraachuu fi

isaaf jirachuuf qophooftetaa? Yoo ta'e, akkas ta'uu danda'a jettee kan ati yaaddee oliitti jireenyi si eegatu jira waan ta'eef dubbisuu kee itti fufi. Kun hundumaaf jira. Kan keessa dhabu tokko illee hin jiru. Inni kun isa Waaqayyo egeree keef dubbate dha.

Yaada ani isiniif yaade anuma duwwaatu beeka; innis yaada nagaa fi yaada wanta isin gara fuula duraatti eeggattan isiniif raawwachuu ti malee, yaada isin balleessu miti. Erm 29:11

Namni tokko iyyuu siif filachuu hin danda'u. Siif si duwwaatu gochuu danda'a. Gahumsa jireenya akkamii qabaachuu barbaada? Dhugumaan hawaasa keenya keessaa namoota fakkeenya ta'an argite faana bu'uu barbaadaa? Dubbiin Waaqayyo nuyi qofaa keenya gara lafaa dhufne qofaa keenyaas deebinaa jedha (1Xim 6:7). Waaqayyo Alfaa fi Omeegaa dha, isa jalqabaa fi isa dhumaati. Jalqaba irratti Waaqayyo ture, dhuma irrattis Waaqayyo ni jiraata. Namni hundumtuu Waaqayyo dura dhaabbachuuf jira. Herrega jireenya isaanii kennuuf jiru (Rom 14:12). Yeroon kun isaaf yeroo qophoofnu dha. Ani yeroo hundumaa nan jedha, "qophoofnes qophaa'uu dhiifnees Yesuus ni dhufa." Amma qophaa'i, murtoo sirrii murteefadhu, sababni isaas booda baay'ee si jalaa turuu danda'aa.

# BOQONNAA LAMA

## HUNDUMTI KEENYA CUBBAMNEERRA

Cubbuun fedha Waaqayyo isa beekamaaf osoo beeknuu abboomamuufi diduu dha. Hundumti keenya cubbamneerra. Kan cubbuu hin hojjenne tokko illee lafa kanarra hin jiru (Rom 3:23 fi Lall 7:20). Kun oduu badaa isa ta'e dha, garuu sagaleen misiraachoos ni jira. Hundi keenya araara argachuu fi Waaqayyo wajjin jiraachuu ni dandeenya. Hundinuu yakkaniiru waan ta'eef, ulfinni inni ayyaana Waaqayyo biraa kennamuu fi fudhatamuus itti hir'ateera.

Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera. Isaanumti immoo ayyaana Waaqayyoo isa karaa furii Yesuus Kiristoos tola isaaniif kennameen, qajeelota in ta'u (Rom 3:23-24). Waaqayyo gatii cubbuu kee siif kanfaleera; ati isaatti amanuu fi isa fudhachuu qofa dha. Ati cubbuu kee yoo beeksifte, itti yoo gabbite fi guutumaatti karaa cubbuurraa yoo deebite, Waaqayyo siif dhiisa nama haaraas si godha.

Yoo nuyi fedhii keenyaan cubbuu raawwanne beeksinee fi cubbuu keenya yoo dhugaa baane, inni amanamaa fi uumama isa fi waadaa isaaf dhugaa waan ta'eef cubbuu keenya nuuf dhiisa, jallina keenya hundumaatis nu qulleessa (1Yoh 1:9). Hamma Waaqayyo waa godhutti eeguu hin qabdu. Inni waan raawwatamuu barbaachisu dursee raawwateera. Sababii dogoggora keenya kanfaluuf isa guutuu ta'ee fi cubbuu kamirraa illee bilisa ta'e tokkicha ilmaa isaa du'atti dabarsee kenne. Qajeelumaan raawwatameera, Yesuus Kiristoositti amanuu fi karaa isaa

Waaqayyo wajjin hariiroo cimaa uumuudhaan bilisa ni baana. Karaa mataa keenyaan gara Waaqayyo dhaquu hin dandeenyu, kan nu deeggaru nu barbaachisa. Nama gidduu nuuf deemu nu barbaachisa, innis, Yesuus Kiristoos qofa. Yesuus Kiristoos addaan fageenya nuuf Waaqayyo jidduu jiru nuuf dhaabbata. Addaan fageenya isa cubbuun nu jidduutti uume fi inni garuu gara Waaqayyotti nu fide.

Akkuma mucaan abbaa ishee of keessatti qabdu (dhiigasaa, DNA isaa, sanyiisaa fi kkf), akkasuma Waaqayyo karaa Kiristoos Addunyaa gara isaatti deebifate. Waaqayyo nama ofii isaa tolche/ uume ni jaallata, akkasumas karaa isaarra hamma hin goorretti, isaanii garbummaa cubbuutti gurguramu arguu hin barbaadu. Yesuus Kiristoos qofa isaa karaa dhugaa dha.

## Cubbuun Abaarsa Fida

Sagaleen Waaqayyo akka jedhutti cubbuun alatti nama baasa (Lak 32:23). Cubbuun abaarsa fida, abboomamuun garuu eebba fida (Seera Keessa Deebii 28). Waanta muraasaaf namni cubbuu isaa wajjin waan jireenya qabu fakkaachuu danda'a ta'a. Jireenyi isaanii akkuma nama kamiiyyuu gaarii itti fakkaachuu danda'a, garuu dhuma irratti waan filannoo godhataniif raagaa bahaa jiraatu.

Yeroo nuuyi jireenya Waaqayyoof abboomamuu caalaa jireenya cubbuu filannu, lubbuu keenyaan jireenya gadadoo muuxana. Namni qaama foonii fi lafee irraa uumame ni caala. Namni hafuura, kan lubbuu qabu, yaaduu, fedhii fi miira of keessatti hammate dha. Inni kun namummaa namaati. Cubbamoonni sammuu isaaniin miidhamu. Isaan dhiphina sammuun kan guutamanii fi maal akka hojjetanii fi maal akka qabaatan dhimma kan hin qabne, waanti isaan gammachiisu tokko illee kan hin jirre dha.

Isaan miira isaaniin miidhamaniiru. Isaan karaa mataa isaaniirra fiiguu waan filataniif, yeroo wantoonni karaa isaani irra deemuu dide ni dhiphatu, aariidhaan guutamu (miira isaaniin geggeefamu). Karaa amantii waanta tokko illee hin beekan. Waaqayyon amanachuun, uuman isaan caalu isaan biratti hin beekkamu. Lubbuu isaanii tasuma boqonaatti hin galtu, sababni isaa namni boqonnaa Waaqayyotti kan galu Yesuus Kiristoositti amanuu qofani (Ibroota 4:3).

Eeyyee, jireenyi cubbuu, jireenya abaarsi guute dha. Waanti gaariin tokko illee keessaa hin argamu. Kun isa Waaqayyo jedhe, waa'ee bu'aa namoonni Waaqayyo malee jiraachuu yaalaniti. Waaqayyo, "Ani namoota irratti rakkina nan fida, isaan ana Waaqayyoon waan yakkaniif,

akka namoota jaamotaatti in deddeebi’u; dhiigni isaanii akka awwaaraatti gad in nam’a, reeffi isaaniis akka kosiitti in gatama” in jedha.

Guyyaa dheekkamsa Waaqayyoo sanatti meetiin isaanii yookiis warqeen isaanii isaan oolchuu hin danda’u; lafa irra jiraatan hundumaatti akka tasaatti lafa irraa balleefamuu waan fiduuf, biyyi lafaa guutummaatti ibidda dheekkamsa isaatiin in dhuma (Sefaaniyaa 1:17-18).

## Ceephoo fi Cigga’ama

Cigga’amni cubbamaa wajjin hiriyaa dhaabbataa ta’uu dha. Namni akkasii irra darbuuf waan baay’ee godha, garuu jireenyi isaa sirrii akka hin taane beekuun keessuma gadi fagaata. Yesuus cubbamoonni cubbuu isaanii jalaa miliquu hin danda’an jedha (Yoh 9:41).

Macaafni Qulqulluun kakuu moofaa fi kakuu haaraa jadhamuun bakka lamatti qoodama. Kakuu Moofaan akkuma maqaa isaa “Moofaa” jedhu. Waadaa moofaa bakka bu’a, isa cubbuu namoota haguuguuf hamma yeroo Kiristoos dhufee kakuu haaraa dhaabutti isa Waaqayyo itti fayyadamee dha.  Sirna aarsaa sababii cubbuuf dhihaatu hordofuudhaan, cubbuun namoota ni haguugama garuu hin badu. Cigga’amni yeroo hundumaa jira. Haata’u malee, kakuu haaraa keessatti, waadaa haaraa jalatti nuuy guutummaaa fi aarsaa waliigalaa fi isa xumuraa kan cubbuu haguugu osoo hin taa’e guutummaatti isa balleessu qabna. Inni cubbuu keenya qofaa osoo hin taane ciigga’ama irraa dhufu nurraa dhiqa.

Suuta jechuun luqqisiilee armaan gadii dubbisuun uuma sagalichaaf xiyyeefadhu, hundi isaanii Ibroota 10 irraa fudhatamaan.

Akka jaalala Waaqayyoo sanatti dhaqni Yesus Kiristoos yeroo hundumaaf akka ta’utti, al tokkicha aarsaa ta’ee dhiheeffamuudhaan nuyi Waaqayyoof qulqulleeffamneerra (Ibr 10:10). Kiristoos garuu al tokko aarsaa dhiheessee, bara baraan gara mirga Waaqayyoo taa’e (Ibr 10:12).

Inni kun waliigaltee (kakuu, waadaa) dha. Inni duraan dursee, “Guyyoonni sun yeroo ga’an, kakuu ani isaaniif kakadhu, ‘seera koo garaa isaanii keessa nan kaa’a, yaada isaanii keessattis

isa nan caafa isa jedhu dha’ jedha Gooftichi” jedhee dhugaa ba’eef. Itti dabalees, “Waaqayyo, ‘Ani cubbuu isaanii, jal’ina isaaniis deebi’ee hin yaadadhu’ jedheera” jedhe ( Ibr 10:16-17).

Kanaafis nuyi warra yaadni garaa isaanii hamminattii qulleeffame, dhagni isaaniis bishaan qulqulluudhaan dhiqame taanee, kottaa garaa dhugaadhaan, amantii guutuudhaanis Waaqayyotti in dhi’aannaa (Ibr 10:22).

Luqisaaleen kun wantoota baay’ee bareedoo fi baay’ee barbaachisoo ta’an nutti hima. Inni jalqabaa, Yesuus aarsaa altokko fi isa xumuraa waan hundumaaf akka dhufe fi aarsaa isaa irratti tokko illee kan dabalamu kan hin jirre dha. Kakuu Moofaa jalatti, aarsaan irra deddeebi’amee kan aarfamuu fi tasa cubbuu balleessuu kan hin dandeenye dha. Yesuus isa yeroo hundumaa gaarii ta’e fi cubbuu fi cigga’ama balleessuf al tokko aarsaa ta’e.

Cigga’amni seeraan balleefameera, garuu tokko tokkon namaa akkamiitti hawwii cubbuu jalaa bilisa bahee akka jiraatu barachuu barbaachisa. Dhugumaan, jireenya Kiristoos wajjin jiraachuun tokkon namaa faallaa hawwii jireenya mataasaa jiraachuu barbaachisa. Namni kamiyyuu miira mataa isaa itti fufee seerachuu hin eeyyamu. Namni kamiyyuu dubbii Waaqayyoo barachuu fi abboomamuu qaba, maaltu akka sitti dhaga’amu itti hin dhiphatiin. Haalli jireenya abboomamuu kun waliin madaallii caalaa gammachuu keessa nu keessumeessa.

## BOQONNAA SADII

# YERICHI YEROO OF KENNUU/ BOOJI’AMUUTI.

Kanaan dura Kiristoosiin fudhateetta ta’uu danda’a, kitaabni kun jireenya haaraa kiristoos waj-jin akka eegaltuuf waamicha siif gochuun si gargaareera ta’a yookiin akka ati murteefatuus abdii guutuudhaan kitaabni kun siif kenname.

Yohaannis 3:16 akka jedhutti; Waaqayyo, akkasiitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti.

Uuma luqqisiin kun qabu akka hubatuuf mee seenaa tokko siif qooda.

Guyyaa tokko magaalaa Chigaagoo keessatti duumessa ulfaataa, qorra fi dukkana cimaa buufate. Mucaa xiqqaan tokko suuqa keessaa gaazexaa gurguura ture. Namni baay'een qorricha keessaa baqatanii ol galan, mucaan dhiiraa kun baay'ee isatti qoruu irraa kan ka'e dhugumaan waraqaa tokko illee gurgurachuuf yaaluu hin dandeenye. Gara poolisii tokko deemee akkas jedhe, "Gooftaa, iddoo ho'aa gurbaa hiyyeessi kun dhaqee ciisee dhiisifatu hin beektuu laata, beektaa? Argitee ani suuqa ati teessu cinaa saanduqa olii keessan ciisaa jira, gamoo gara gadii jidduu qorra jibbisiisaatu jira. Dhuguma iddoo ho'aa miijataa turtu qabaachuu qabda".

Poolisichis achii gadi ilaalee mucaa xiqqaa kanaan akkas jedhe, "Tole, waan gochuu qabdu sitti himuu nan danda'a, hamma mana adii guddaa sana bira geessutti karaa kana qabadhuu achii gadi deemi, yeroo achi geessuus baalbala manichaa rukuti. Yeroo isaan baalbala bananii sitti bahan callisiti, Yohaannis 3:16 jedhi , isaanuu ol si galchu" jedhen.

Gurbichis akkasuma godhe, hamma baalbalicha bira gahuutti itti fufee adeeme, baalbalichas rukute, mucaan dubaraa tokko jalaa bante. Innis ol ilaalee akkas jedhe "Yoh 3:16."

Mucaan dubaraa sunis "kootu ol gali" ittiin jette. Isheenis fudhatee ol galtee, kattaa tokko jala iddoo abiddaa guddaa fuul-dura teessifte biraa sokkite. Yeroo xiqqoo taa'ee akkas jedhuun ofiitti dubbate, Yoh 3:16 ani hin hubanne, garuu inni dhuguma gurbaa qorre ho'iseera.

Boodde mucaan dubaraa sun dhuftee "beelofteetta?" jettee isa gaafatte. Innis eeyyee, xiqqooma jedhe. "Guyyoota waliitti anaan kanaaf hin nyaannen ture, biddena xiqqoomtishee na barbaachisa jedheen tilmaama." Mucaayyoon sunis gara golaatti ol galchitee, minjaala (tarapheezaa) bidden baay'ee ajaa'ibaa taa'een guute bira teessifte. Ni nyaate, ni nyaate hamma waan xiqqoo illee nyaachuu dadhabuuti. Anatu hin hubanne malee Yohaannis 3:16 beela'aa quufaa godha jedhee ofiitti dubbate.

Ishee ammas dhuftee, bakka qaama dhiqannaa baay'ee ol fagoo ta'e iddoo bal'aa buuftuun bishaan ho'aan guuteetti ol fudhatte. Innis achi ta'ee yeroo sanaaf ni dhiqate, anatu hin hubanne malee, Yohaannis 3:16 gurbaa xuraa'aa qulqulleesseera, jedhee ofiitti dubbate. Dubreen sun ol seentee isa argatee, gara kutaa biroo ol isa galchite, sirree afamee ture tokko irra ciibsitee, waan morma isaa haguuge irraa kaastee, isa dhungachaa halkaan gaarii waliin dabarsite. Ibsaa ni dhaamsite. Dukkana kana keessa osoo achi ciisuu , karaa foddaa gara alaa ilaale, cabbii qorra halkanii kana keessa gadi bu'uuf jedhu arge. Anatu hin hubanne malee dhugumaa Yoh 3:16 gurbaa dadhabe boqochiiseera, jedhee ofiitti dubbate.

Ganama itti aanuuti isheen, isa fuutee gara dhaabduu (minjaala) guddaa biddeeniin guuteetti geessite. Erga nyaatee booda, ammas kattaa takka isa jala iddoo abiddaa guddaa fuul-dura teessifte. Isheen Macaafa Qulqulluu argatte, teesse, "Yohaannis 3:16 hubatteettaa?" jette.

"Lakkii, obboleetii, hin hubanne. Yeroo jalqabaaf halkaan darbe yeroo poolisichi itti fayyadami nan jedhuun dhaga'e." Isheen Macaafa Qulqulluu irraa Yoh 3:16 bantee waa'ee Yesuus ibsuufi jalqabde. Osooma iddoo abiddaa sana fuula jiraanii, laphee fi jireenya isaa Yesuusiif kenne. Innis achuuma taa'ee, akkas ofiin jedhe, Anatu hin hubanne malee, Yohaannis 3:16 gurbaa badeeef waabii ta'eera. (maddi isaa hin beekamu).

Amma, ilma isaaYesuus Kiristoos akka waan isa malee kanfaltiin waa'ee cubbuu keef hin jirretti fudhachuun Waaqayyoof booji'amuuf qophoofteetta yoo ta'e, kadhata isaa na waliin akka kadhatuuf siin gorsa. Sagalee kee guddisii baasii, araara gaafadhu, akkasumas gara namummaa keef hiika akka godhatuutti gara tokko tokkoo isaa dhageefadhu.

Waaqayyo Abbaa, sin jaaladha, cubbuu koo akka naaf dhiiftuuf, har'a amantiin gara kee dhufeera. Ani sitti nan amana, anaaf fannoo irratti du'uu kee nan amana, dhiiga kee qulqulluu akka anaaf dhangalaafte nan amana, adabbii ani fudhachuu qabu bakka koo anaaf fudhate, du'uu kee, awwaalamuu kee, akkasumas guyyaa sadaffaatti warra du'an gidduudhaa akka kaate nan amanaa. Du'i si hin qabne. Ati seexana boojiteetta, furtuu si'ool harkaa fuutetta du'i achi baqateera. Kana hundumaa anaaf akka goote, sababa na jaallattuuf akka ta'e nan amana. Ani kiristaana ta'un barbaada. Bara koo guutuu si tajaajiluun barbaada. Kakuu isa naaf galte jireenya haaraa akkamitti akkan jiraadhu barachuu barbaada. Ani amma si fudhadha, Yesuus ani ofii koo sitti keennera. Karaan irraa deemuu qabutti na adeemsisi, maal akkan ta'u isa feetu na taasisi.

Waan na fayyifteef, galatoomii. Afuura kee qulqulluun na guuti akkasumas waanan beekuu na barbaachisu hunda na barsiisi. Amma, akka fayye amaneera, ani lammata dhaladheera, akkasumas gaafan du'u gara mootummaa Waaqayyo deema. Waaqayyo Abbaa, ani adeemsa kooti nan gammadaa, ayyaana kee keessas nan jiraadha.

Dhugumaan, kadhata kana kadhateetta taanaan, jireenya keef murtoo baay'ee barbaachisa ta'e murteessiteetta. Akkamiitti akka sitti dhaga'ame rakkoo hin qabu, Waaqayyo kadhata kee dhaga'ee siif deebiseera. Nagaa yookiin gammachuun, boqonnaa yookiin, birmaddummaan sitti dhaga'amuu danda'a, akkasumas amma hoomtinuu sitti dhaga'amuu dhiisuu danda'a. Sitti dhageetiin kee si bitee jireenya kee wajjin akka itti fufu hin godhiin. Sagalee Waaqayyoo Amani, sababni isaa inni amanamaa dha, kakuu isaafis dhugaa dha.

Abbaan koo anaaf kan kennu hundinuu gara koo ni dhufa, isa gara koo dhufus ani of irraa hin arii'u (Yoh 6:37) jedha.

Waaqayyo yeroo hunda si waliin jiraachuuf waadaa galeera, hamma dhuma biyya lafaati illee. Waa'en isaa yeroo hunda sitti dhaga'amuu dhiisuu danda'a, garuu inni iddoo hundumaa jira, yeroo hundumaa. Ijji isaa yeroo hunda sirra jira fi kunuunsa wajjin si eega. Waan si ilaallatu hundumaa inni waa'ee keef xiyyeefata akkasumas kakuu isa hunda ni raawwata. Inni jireenya kee keessatti waan gaarii tokko jalqabeera ni xumuraas, akkasumas gara guutumaatti ni fida. (Uumama 28:15, Farfannaa 138:8, Filiph. 1:6).

Baga gammade, Yesuus kan jedhamu michuu haaraa baay'ee gaarii tokko qabda; michuun kun michuu bara baraati. Isaa wajjin waan hundumaa haasa'uu dndeessa, sababni isaas inni yeroo hundumaa waan si hubatuuf (Ibr. 4:15). Inni si tuffatu of irraas si hin dhiibu. Waanti Waaqayyotti ulfaatu tokko illee hin jiru, akkasumas, yoo akkas ta'e iyyuu, waanti baay'ee sal-phaan hin jiru. Karaa kee hundumaatti akka isa beeksiftu fi guutumaa jireenya kee keessatti isa akka afeertu inni ni barbaada.

Ati uumama haaraa taateta. Inni moofaan ta'e hundumtuu darbeera, waanti hundinuu amma haaraa dhugaa ta'eera (2 Qor 5:17). Ati amma jireenya haaraa keessa galteetta.

Ati dogoggoruu dandeessa, hundi keenyaas ni dogoggoora, waan guddaa barachuuf tattaffa-chuu qabda akkasumas hamma bara jireenya keeti kan itti fufu addeemsa jireenya jalqabdeeta. Yeroo dogoggortu hundumaatti, araara Waaqayyoo, fi yeroo isa kadhatu akka si qulleessuuf amanamaa akka ta'e yaadadhu. Cubbuu kee kamiif iyyuu qalbii kee geeddarachuuf ariifadhu akkasumas fuula Waaqayyo duraa waa nan dhoksa jettee tasumaa hin yaaliin, sababni isaas inni karaa kamiyyuu waan hundumaa beeka.

Waaqayyo baay'ee si jaallata. Yeroo hundumaa si jaallata. Yeroo siitti tole qofaa baay'ee si jaalata miti; akkasumaas yeroo sitti hin tolees jaalalli isaa gadi hin bu'u. Inni akkasumaan si jaallata.

Ammaa karaa jireenya haaraa bartuuf yeroo isaatti dha.

# BOQONNAA AFUR

# KARAA JIREENYA HAARAA

Jireenya haaraa jiraachuu akkuma eegalteen, Waaqayyof isa wajjin, Addunyaa kana irraatti qajeelfamoonni isaa olii fi gadi waan ta'a sitti fakkaachuu danda'a. Dhugumaan Addunyaan kun oliif gadi haata'u malee Mootummaan Waaqayyo achii ol qajeelee kan dhaabbatee dha. Nuyi wantoota karaa Waaqayyo gaarii ta'an hojjechuu hin barre akkasumas, jalqabatti ulfaataa yookiin hubachuun kan hin danda'amne nutti fakkata.

## Cuuphaa

Akka nama haaraa Yesuus Kiristoositti amanuu tokkotti wanti jalqaba ati gochuu qabdu bishaaniin cuuphamuu dha. Cuuphaan murtoo keessoo keenyaa Kiristoosiin hordofuuf mallat-too alaan mul'atu dha. Yeroo namni bishaan cuuphaa sana keessa gadi lixu jireenya isa moofaa

sana akka awwaale/ dhokse mirkaannessa. Yeroo bishaan cuuphaa sana keessaa ol ka'u, jireenya haaraan, du'aa akka ka'e mirkanneessa. Kun Waaqayyoof abboomamuun kan raawwannu dha.

Kunis fakkeenya cuuphaa isa isin amma ittiin ooltaniiti, cuuphaan waan ittiin karaa du'aa ka'uu Yesuus Kiristoos, yaada garaa nama hin ceephaane argachuudhaaf, Waaqayyotti himatanii dha malee, waan ittiin xurii dhaqnaa dhiqatan miti (1Phex 3:21).

Phexroos immoo, "yaada garaa keessanii geddaradhaa; cubbuu keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokko tokkon keessan maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphamaa; kenna Hafuura Qulqulluus in fudhattu (HoE 2:38).

## Waldaa Kiristaanaa dhaquu

Inni biraan maatii waldaa kiristaanaa naannoo kee jirtu keessatti akka hirmaatu ciimseen si gorsa. Waldaa Kiristaanaa dhaquu qofaan nama tokko Kiristaana hin taasisu, gaaraajii keessa taa'anii Konkolaataa naaf hojjetama jira jedhanii yaaduu hin caalu. Amala gara Waldaa Kiristaana dhaquu qofa waan qabanneef Kiristaana ta'u hin dandeenyu. Garuu nuyi yoo Kiristaanaa taane, Waaqayyoon waaqeffachuu qabna, amantoota biroo waliin michummaa uumuu qabna, akkasumas Waldaan Kiristaanaa bakka itti dubbii Waaqayyoo barannu dha.

Waldaan Kiristaanaa hundi Waldaa Kiristaanaa gaarii miti. Tokko tokko leellistoota amantaa bakkee isaaniin gaarii fakkaatani dha, garuu keessaan nama tokko illee kan gargaaru gaarii homa iyyuu hin hojjatan. Yoo Waldaa Kiristaanaa sagalee Waaqayyo si hin nyaachifne hirmaata ta'e, guyyaa hundumaa adeemsa keen gara Waaqayyotti guddachuuf gufuun yoo jiraate, amma Waldaa Kirstaanaa isa gaarii argatutti barbaadi. Akkuma dookteeriin hundumti gaarii hin taane akkasuma hundis isaaniis gadhee miti. Amma isa siif sirrii ta'e argattutti barbaaduu kee itti fufi. Tokko tokko fedhii Waldaa amantaa isaanii namatti fe'uu barbaadu. Kanaaf namoonni Waldaa amantii kamiittu osoo hin qabamiin jiraachuu fedhan jiru. Kana jechuun isaan kan dhaabbata guddaa kamiyyuu miti jechuudha. Wanti ijoon Waldaa Kiristaanaa amanamtuutti of kennuun si gargaara. Warra amantaa fedhii kee wajjin wal fakkaataa qaban waliin akka hiriyyummaa uumtuuf carraa siif kenna akkasumas jireenya hawaasummaa uummachuun rakkoo Addunyaan kun hamileee kee irratti fidu jalaa si baasa.

Waldaan Kiristaanaa ati deemtu Waldaa Kiristaanaa akka Kiristaanaatti sii guddistu ta'uu ishee adda baafadhu. Amanaa haaraaf waan baay'ee baruu isa barbaachisa. Yoo barachuu baate fi

yoo of hin fooyyessine, boodde deebi’uuf balaa isa mudachuu danda’a yookiin gara karaa isa duriitti deebi’a.

Amanaa haaraa qo’annaan Macaafa Qulqulluu garee xiqqaa baay’ee barbaachisaa dha. Garee xiqqaa keessatti sirriittti barachuuf gaaffii gaafachuu, kadhannaa fudhachuu, fi warraa kaanif kadhachuu keessatti hirmaachuuf carraa qabda. Waldaan Kiristaanaa kee garee qo’annaa ga’eessotaa yookiin garee maatii keessatti hirmaatu akka siif dhiyeessan abdii guutuun qaba.

Waldaan Kiristaanaa bakka itti tajaajilaman qofa miti, bakka ergama Kiristoos itti ibsannu fi argnudhaas Waldaan Kiristaanaa. Warra kaan irraa fudhachuu caalaa warra kaaniif kennuun barbaachisaa dha.

## Of kennuu

Of kennuun baay’ee barbaachisaa dha. Dogoggora tokko  hojjanne jireenya keenya akka kosiitti kan nu galchu miti, dogoggora itti fufiinsaan hin  hojjadhu malee. Akkasumas yeroo tokko gaariii hojjechuun yookiin jireenya haaraa Waaqayyoof jiraannuuf lammata nu hin gargaaru.  Waan hojjechuun nurra jiru kan beeknu hojjechuu qabna, yoom illee dandeenye akka hin hojjenne yoo nutti fakkate illee. Jabaachuu qabna. Waaqayyo hafuura of qabuu fi of bituu nuuf kenneera (2Xim 1:7). Akkasumas waan hojjachuu barbaaddu shaakaluu qabda.

Waaqayyo wajjin yeroo qabaachuuf of kenni. Sagalee isaa qo’adhu, akkasumas kitaabolee Macaafa Qulqulluu irraa caalaatti akka hubattuuf si gargaaran dubbisi. Teppii, raadiyoo barnoota hafuura dabarsan dhageefadhu, akkasumas sagantaa teeleevizhinii barnoota Macafa Qulqullluu sirriitti dabarsaan hordofi. Kadhachuuf yeroo fudhadhu. Guyyaa hundaa karaa kadhachuu baradhu. Hubadhu, Waaqayyo yeroo hundumaa waa’ee keef ni dhimma, akkasumas kadhannaan salphaatti Waaqayyo wajjin duddubachuu dha. Akka Kiristaanaatti, akkuma guddachaa dhufteen, Waaqayyotti akka  dubbatu qofa osoo hin taane, akkamiitti isa akka dhageefatu barta, kun immoo kallattii hedduun isa wajjin akka deemtu godha.

Of kennuu keessatti wanti baay’ee barbaachisaan inni biroon, kennuu dha. Waaqayyo waan baay’ee nuuf kenneera, isuma inni nuuf kenne irraa deebisnee kennuun, akkasumas hojiin isaa lafa kanarraa ittiin raawwachuuf beekamaa dha. Yeroo gargaaramtuutti, isaan kaan gargaaruuf uumamaaan waan sirraa barbaadamu qofaafi dha. Karaa tokko ati ittiin kana raawwachuu dandeessu kenna kennu dha.  Waldaa kiristaanaa keetif of kennuuni fi Ministirii biroo gargaarsa

kee barbaadanin jette amantu gargaarunii dha. Waan Waaqayyoof kenninu hundaaf, inni dachaa hedduu irra caalchisee nuuf deebisa. Sagaleensaa waanuma facaafne akka haamnu dubbata.

Isa keessatti Uumama haaraa ta'uudhaa fi Kiristoosiin fudhachuun dursa, kennaa baay'ee fudhatama qabu qabaachuu hin barbaachisu. Nuyi ofittoo ture, akkasumas warra kaan irraa waa akka nuuf kennaan barbaanna, garuu gaafa jaalala Kiristoos gaddi fageenyaan keessa galaa deemnu lapheen keenya jijjiramaa deema.

## Hafuura Qulqulluun cuuphamuu

Cuuphamuu jechuun guutumaatti liqimfamuu dha. Waanti bishaaniin liqinfame banaa yoo qabaate itti guuttata. Ati yoo banamaa dha taate, Hafuura Qulqulluudhaan guutummaatti guutamta. Akkuma Yesuus Kiristoosiin fayyisaa lubbuu kee godhatte fudhatten Hafuura Qulqulluu fudhatta, garuu kutaa qaama kee guutummaan banamtee fudhachuuf sadarkaasaa irraa hin geenye, kanaaf Gooftaan guutummaatti si guuta.

Hafuura Qulqulluu qabda, garuu inni guutummaa kee akka dhuunfate mirkanneefachuu qabda. Waaqayyo tajaajila isaa keessatti sitti fayyadamuu barbaada, kanaaf bu'aa qabeessa ta'uu fi milkaa'uuf humna  Hafuura qulqulluun guutamuu si barbaachisa.

Waaqayyo kennaa umamaa isa caaluu nuuf kenneera, kun immoo  jireenya guyyaa guyyaa keenyaa ittiin gaggeefachuuf nu gargaaru. Kennaa adda addaatu jira, namni hundinuu isa ni fudhata, garuu muraasni isaa kan irra caalaanii kan argamanii dha. Anaaf barsiisuun naaf kennameera, isa kaniif farfachuu yookiin hojii bulchiinsaa, araara buusuu yookiin gargaarutu kennameeraaf. 1Qor 12:7-10 tti kennaawwan sagaltu kanneen nuyi beekuu qabnu caqafameera. Kennaawwan kana akka dheebonuuf sirriitti barsiifamneera. Isaan kunis; Beekumsaan dubbachuu, Ogummaan dubbachuu, kenna amantii, humna fayyisuu, dinqii hojjachuu, raajuu (fedhii Waaqummaa fi kayyoo Waaqayyoo ibsuu), dandeentii hafuurota hamaa fi gaarii adda baasuu, Afaaan haaraan dubbachuu, fi afaan haaaraa dubbatame hiikuun dha.

Yoommu kennoota kana hubachuu dadhabdeellee akka Waaqayyo siif kennuuf akka kadhatu sin gorsa, waa'ee isaanii fi akkamiitti fayyadamuu akka qabdu siin barsiisa. Dubbii Waaqayyoo keessaatti namoota afaan haaraa dubbatan baay'ee argina. Yeroo nuyi afaan haaraan kadhannu, waan iciitii fi Waaqayyo qofaan hubatamuu fi ofii keenya of qulqulleesinu dha. Ergamichi Phaawuloos namni hundumtuu afaan haaraan akka dubbatu akka fedhu dubbata (1Qor 14:2, 4-5).

Kennaan Afaan haaraan waggoota hedduuf kiristaanota gidduutti dhuunfaatti wal qooqodiinsaf qabxii ta'e ture. Namoonni gar tokko kennichi guyyoota ammaaf akka kenname yoommu amanan kaan immoo ni mormu. Ani dhuunfaa kootti jireenya koo keesssatti kennoota kana shaakaleera, waggoota soddomaa oliif afaan haaraa dubbadheera, akkasuma illee amantoota yeroo kanaaf barbaachisa akka ta'e nan beeka. Waanta nu gargaaru hunda ni barbaanna.

Namoonni yeroo baay'ee wanta shaakalanii hin beekne callisanii mormu yookiin waan hin hubanne of irraa dhiibu. Kun dogoggora. Macaafa Qulqulluu dubbisuu qabna akkasumas waan inni jedhu amanuu qabna.

Kennoota isaatti osoo hin taane, Hafuura Qulqulluutti akka jabaatte xiyyeefattu sin gorsa. Kennaa isaa siif dhufa. Namoonni muraasni hamma ittiin jiraatan caalaa afaan haaraa baay'ee dubbatu. Yeroo kophee bitachuuf deemnu, kuusaa kophee dhaqnee dubbii nu kennaa jennee hin gaafannu. Nuyi kophee gaafanna isaan nutti dubbatu. Kun Hafuura Qulqulluu wajjin wal fakkaata. Yeroo hunda irra caalaa argamuunsaa jireenya keesstti akka ta'uuf kadhadhu, yeroo sana afaan haaraa akkasumas kennaan isaa siif dhufa.

## Kenna Isaarra argamuuf Waaqayyoo barbaadi

Waaqayyo waan gaarii siif gochuu barbaada. Eebba danuu siif kennuu barbaada, garuu isuma Waaqayyoon barbaadu baay'ee barbaachisaa dha. Waan inni nuuf godhu qofa barbaada taa'uu hin qabu. Waaqayyo madaalli kamiin oliitti baay'ee gaarii fi jireenyi argamun isaa baay'ee ajaa'ibsiisa dha. Akkuma fuula isaa barbaadatten, harki isaa yeroo hunda diriiree akka jiru argita. Harkuma isaa qofa barbaadda taanaan isa arabsuu keeti. Waaqayyoon mitiitii, namuuma iyyuu, fayidaa namummaa ofiif gargaaramuuf barbaadu.

Waan barbaaddu yookiin feetu hundumaaf Waaqayyoon gaafadhu, inni siif gaarii yoo ta'e yeroo isaatti inni siif kenna. Garuu, waan biroo caalaa, yeroo hunda of keeessatti isa barbaaduu kee hubadhu. Hundaa caalaa argamuu isaa, karaa isaa, amala isaa, ogumma isaa, hubannoo isaa, humna isaa, fi kkf.

Waaqayyo waan hundumaati akkasumas isa malee nuyi homa iyyuu miti. Yesuus “Ana irraa adda baatanii homa hojjechuu hin dandeessan” jedhe (Yoh 15:5).

Waan hunduu Isa biraa fi isa keessaa fi isaaf kan jiru dha. Wanta hundumaa Waaqayyotu uume, wanti hundumtuu isaan in jiraata; wanti hundumtuu isaaf in jiraata; bara baraan isaaf galanni haa ta'u! Ameen (Rom 11:36).

### Waanti Baratamuu Baay’ee Dha

Kitaaba xiqqaa kana irratti yaada hundaa qooduun narraa barachuuf baay’ee sirraa fagaata. Bu’uura barumsa Kiristaanummaa fi dooktirinii amantii kee irratti hundaa’uun barachuu qabda. Barnoonni amantoota haaraaf waldaalee kiristaanaa keessatti yeroo baay’ee ni kennama, tokko isa akka hordoftu cimseen si gorsa. Yesuus durba irraa akka dhalate ni barata. Kun akka hin danda’amne nan beeka, garuu isa beeknuun hala kun dhugaa fi maaliif akka ta’e hubachuun siif barbaachisaa dha. Warra hanga ammaatti isa hin barreef Wangeelli akka labsamuufif qabeenya keenya deebisnee kennuun baruun barbaachisaa dha. Waa’ee sadan tokkummaa waaqayyoo barateetta, Waaqayyo tokkicha tajaajila dhugaa kan kennu, qaama sadiin mul’ate; Abbaa, Ilma fi Hafuura Qulqulluu dha. Tajaajila ergamoota irraa, fayidaa dhiiga Yesuus Kiristoos, Waaqayyo irra akkamiitti akka dhaggeefannu, seera qajeelummaa, qalbii diddirannaa, fi wantoota karaa adda addaa barachuu qabda.

Waan hundaa kitaaba kana irratti qooduu yoon dadhabe illee, akka nama jireenya haaraa jalqabe tokkotti wantoota dursaa siif barbaachisu jedhee kanaan amane siif qoodera, kanaaf kanumaan itti fufi.

# BOQONNAA SHAN

# ILAALCHA HAARAA

Guutumaatti ilaalcha haaraan yaaduu baruun irra caalaa barbaachisaa dha. Waaqayyo karoora gaarii sii fi jireenya keef qaba, garuu kana xiyyeefatte Waaqayyoo wajjin waliigaltee uumuu qabda. Seexanniis siifi jireenya keef karoora qaba, innis waan gaarii hin taane dha. Hattuun (Seexanni) hatuuf, ajjeesuuf fi balleessuuf dhufa (Yoh 10:10). Sammuu keenyatti seexanni waan dogoggora ta’e galchaa oola, akka nuyi isa amanee isa wajjin waliigallu abdachuuni. Karaa kanaatti inni namoota goyyoomsuu fi jireenya isaaniitti galuuf karaa argata.

Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu’inaa! Jaalalli Waaqayyo isa kam akka ta’e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of jijjiiraa! Jaalalli

Waaqayyoo immoo waan gaarii ta’e, waan isa duratti fudhatamaa ta’e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha (Rom 12:2).

Kutaa Macaafa Qulqulluu armaan oliitti caqafame kun hamma akkaataa yaaduu keenyaa hin jijjiramnetti jireenyi keenya akka hin jijjiramne ifaatti nutti hima. Jireenya haaraa yoo ni barbaadda ta’e, karaa haaraan yaaduu qabachuu qabda. Waaqayyo hunda keenyaaf karoora gaarii qaba, garuu nuyi arguu kan dandeenyu gara faayidaa sirriitti yaaduu barachuutti yoo ceene qofa dha.

## Ilaalcha Kee To’achuu Danda’uu Qabda.

Tarii akka ani kanaan dura ture ta’uu dandeessa, waan yaaddu tokko illee gochuu akka hin dandeenyetti yaaduu dandeessa. Kun sirrii miti. Waan ta’uu qabdu filaachuu dandeessa yookiin waa’ee isaa yaaduu dhiisuu dandeessa, akkasumas kana sirriitti raawwachuu qabda. Waan sammuun yaadu namni duukaa bu’a. Hundi keenyayyuu muuxannoo waan tokko nyaachuuf waa’ee isaa jalqaba yaaduu qabna. Tarii aayiis kireemii, boombolinoo, yookiin nyaata hawwaataa ta’a. Hammuma waa’ee isaa yaadne, isa kaam nyaachuu akka qabnu murteeffanna. Yoo hamma ta’uu qabu baay’ee itti yaadne, konkolaataa sennee hamma bakka isaa geenyutti konkolaachifna, erga nyaanne booda qofa, yeroo guubnee fi qarshii itti baafneef gabbina.

Yoo namni tokko nu dogoggorse fi yoo baay’isnee itti yaadne akkasumas waan isaan nu miidhaan caalaa yoo yaadne, aaruu fi miira keenya jeequu dandeenya. Ilaalchi keenya miira keenya miidhuu fi akka dubbannu nu taasisa.

Yeroo itti aanutti jireenyi kee jeeqamaa yookiin dhiphataa ta’e of argita, yerooma sana waa’ee maalii akka yaadde turte of gaafadhu, yoos hariiroo miira kee fi ilaalcha kee jidduu jiru ni argita.

Yeroo lola keenya seexanaa waliin taasifnu sammuun keenya dirree waraanaati. 2Qor 10:4-5 ilaalcha dogoggoraa xiqqeessuu akka qabnu, fi tilmaammi fi Yesuus Kiristoosiif bitamuu akka qabu nu barsiisa. Kana jechuun akka sagalee Waaqayyotti yaaduu akka qabnu dha. Barsiisa Kiristoos wajjin kan walii hin galle wanti fedhe iyyuu sammuu keenya keessaa bahuu qaba, akkasumas akka goyyomsaa Seexana ta’e barree mormuu qabna.

Fakkeenyaaf, of ajjeessuu yaaduu dandeessa, kun isa Waaqayyo sammuu kee keessa kaa’e miti. Waaqayyo akka jiraattu fi jireenya keetti akka gammaddu barbaada. Akka waan gaaarii hin taanetti yoo kan of yaadu ta’e yookiin namni tokko illee kan si hin jaalannetti yoo yaadde,

yaadni akkasii kan Waaqayyo biraa dhufu miti, sababni isaas wanneen akkasii sagalee isaa wajjin walii hin galan.

## Yaada dogoggoraa

Waa'ee yaada dogoggoraa gosa kami irraa illee of eegachuu qabda. Waa'ee Waaqayyo yookiin karoora inni jireenya keef qabu dogoggoora tokko illee hin jiru. Birciqqoo isa gar tokko hir'ateerra gara isa gar tokko guutee ilaaluu wayya. Nama tokko illee hin miidhiin, nama gaarii ta'i. Waan jireenyi kee fakkatuuf hin dhiphatiin. Waa'ee egeree keef mul'ata gaarii qabachuu qabna. Waaqayyo wajjin waliigaluun waan gaariin akka siif ta'u amani. Ati yoo nama dogoggoraa dha taate, akkuma ani dur ture, akka gaarii ta'etti yaaduun waan hojjetu raawwadhu. Naannoo baay'ee rakkisaa ta'e keessattin guddadhe, yeroo hunda rakkinaa fi jeequmsa qofa tilmaamama, garuu rakkinni keenya akkaataa dogoggoraan yaaduu keenya irraa akka dhufun bare.

Hiyyeessaaf guyyaan hundinuu hamaa dha, garaa gammachuu qabuuf garuu, guyyaan hundinuu cidha (Fak15:15).

Yeroo jalqabaaf Hafuurri Qulqulluun kutaa kana na hubachiise. Akka ani hin gammane kan godhu hin beekuun ture. Garuu dogoggorri akkan ture fi ilaalcha sodaan guute akka waan gadheen tokko ta'uuf jiru akka ta'e nan bare. Yeroo baay'ee ta'a jedhee kanaan tilmaamu waanan argadhe raawwachaa ture. Kun immoo rakkoo dha. Ani jireenyi koo akka jijjiramu barbaadaa, akkasumas maaliif Waaqayyo jireenya koo akka jijjiruu dide hin beeku. Dhumarratti garuu, inni jireenya koo jijjiruun dura ani ilaalcha koo jijjiruu akka qabu hubadhe.

Waa'ee waan kamifuu faallaa hin ta'iin, waa'ee egeree keef, yookiin kaleessa keef illee. Yoo Waaqayyoon amante Kaleessi kee karoora Waaqayyo egeree keef qabu keessatti ni hojjeta. Dogoggorri hojjete hunduu gara gaariitti fi nama ogeessa si gochuu danda'a. Isaan irraa barachuu qabda, akkasumas tasuma dogoggora wal fakkaataa raawwachuu hin qabdu. Waa'ee maallaqa, hiriyaa, maatii, akkamiitti akka ilaaltuf, hojjii hojjetuuf yookiin hojii dhabuu keef, bakka jiraattuf, gosa konkolaataa konkolaachiftuuf, yookiin waan biroo kamiif illee yaada faallaa hin qabatiin. Ilaalcha sirrii guddifachu, kun jireenya sirrii fi humna qabu akka jiraattu si gargaara.

## Hin yaadda'iin yookiin hin dhiphatiin

Yaadda'uu fi dhiphachuun yaada dogoggoraa lamaa dha. Yaadda'uun waliigala gaarii miti, garuu waan hamaa baay'ee hojjechuu danda'a, rakkoo kee furachuuf qooda yaadooftu

Waaqayyoon amanadhu. Yaaddoon dullooma yeroo malee, mataa dhukkubbii fi rakkoo garaachaa, fi yeroo dheeraa ittiin jiraachuu illee akka hin dandeenye si godha. Kun jireenya keef fedha Waaqayyo miti.

Mataa keef kunuunsa gochaa turuun kee fi itti fuftee maal gochuu akka qabdu karoorfataa turuun beekamaa waan ta'eef hin yaada'iin jechuun yeroo jalqabaaf sitti ulfaachuu danda'a, garuu ammaa karaa jireenya haaraa barachaa akka jirtu hubadhu.

Namoonni Waaqayyo wajjin hariiroo hin qabne yaaddoo qabachuu danda'u, isin garuu yaadda'uu hin qabdan. Waaqayyo gara keenya. Inni akkas jedheera yaaddoo keessan Waaqayyo irratti gataa dhiisaa, inni isiniif ni yaada (1Phex 5:7).

Dhiphachuu jechuun isa nuyi har'a waa'ee jireenya boriif yaadoofnu dha. Yesuus, "waa'ee boriif hin yaadda'inaa, guyyaan borii ofii isaatiif iyyuu in yaadda'a ; rakkinni guyyaa Sanaa duwwaan guyyichaaf in ga'a" jedhe (Mat 6:34). Yeroo gochuun sirra jiru, yoommu gahu maal akka gochuu qabdu ni beekta, garuu tarii hammasitti baruu dhiisuu dandeessa. Waaqayyo isa amanachuu akka bartu barbaada. Waaqayyo tasuma hin turu, garuu yeroo hundaas barii hin ka'u. Waan akkasii hin barre waan ta'eef turanii eguun amantoota haaraaf ulfaataa dha. Haata'u malee, yeroo xiqqoo booda, isa jaalachuu jalqabda. Sammuun kee waan hunda salphaati fi guyyaa tokko tokkoon birmadummaa guutuun waa'ee isa itti aanuu yaaddoo tokko malee jiraatta.

Akka yaaddooftuu yeroo qoramtu hunda, ati mucaa Waaqayyo waan taateef seexanni akka si qoru akkasumas isa Waaqayyo si eeguuf waadaa inni siif gale yaadadhu. Karaan sammuu kee haaressuutti darbitu sagalee Waaqayyo qo'achuu fi of- keessatti yaaduu keessaa argama. Karaan garaagarummaa ilaalcha sirrii fi dogoggora ittin barannu dha. Fakkeenyaaf, namni tokko hiyyeessa ta'uu isaaf hiyyoomaan yeroo hunda maatii isaanii irra akka jiruutti yaaduu danda'a, garuu dubbii Waaqayyoo irraa kun salphaaatti dhugaa akka hin taane ni hubatta. Gargaarsa Waaqayyo fi baajata kee irratti qajeelfama isaa raawwachuun, marsaa hiyyummaa cabsuu fi jireenya kee hunda keessatti waan argachuun malu ol argachuu dandeessa. Waan hundumaa caalaa akka badhaatu fi fayyaa taatu, lubbuun kee illee akka badhaatu Waaqayyo akka barbaadu sagaleen Waaqayyo ni dubbata (3Yoh 2). Lubbuu keen gaafa gessuu fi abboommii Waaqayyoo keessa yeroo deddeebitu, waan gaarii hunda akka sirriitti qabduu fi ogummaan itti gargaaramtuu Waaqayyo siif kenna.

Waaqayyo waan si barbaachisu siif guuta, akkasumas ati jireenya sodaa hin jiraattu. Yoo hojjitti qacaramuu barbaadda ta'e, Waaqayyoon ni kadhata, innis hojii siif kenna. Inni simboo siif kenna, Waan hojjettu hundumaatti badhaadhinaa fi milkaa'insa siif kenna.

Yesuus jireenya gaarii akka ati qabaattu barbaada. Jireenya inni du'uu isaan siif kennetti akka gammaddu barbaada. Beekumsa qabaadhu, hubataa ta'i, nama murtoo sirrii kennuu fi murtii kennuuf birmaddummaa qabu ta'i. Beekumsa dhaabuun namoonni badaniiru, kanaaf isa barbaadi. Yesuus Kiristoos Waaqayyo biraa ogummaa nuuf kenname dha (1Qor 1:30). Ogummaatti akka guddatuuf Waaqayyoon kadhadhu, akkasumas sammuu kee ittiin qaroomsi yeroo sanatti karaa isaarra ni deddeebitaa. Ogummaan elellaan diimaa irra in caalti, wanti ba'eessi ati hawwitu hundinuus isheedhaan hinixxaatu (Fak 8:11).

Kitaabni koo baay'ee gurgurame isa dirree waraana sammuu jedhudha. Akka argateen akka dubbiiftuu siin gorsa. Hubadhu, akkataa yaaduu kee haarefachuun tarii yeroof dirree waraana sitti fakkachuu danda'a, garuu dabarsitee hin kennin. Warra dhimmanii Waaqayyoon barbaaddatan inni isaan badhaasa.

## BOQONNAA JAHA

## DUBBII KARAA HAARAA

Dubbiin kuusaa humnati. Humna ijaaruu yookiin humna diigu ta'uu dhiisu danda'a. Yeroo jalqabaaf, Waaqayyo yeroo dubbate, waan gaarii uume, akkasumas waan godhe duukaa bu'e.

Namni sababa waanti gaariin afaan isaa keessa ba'u godhatuun in quufa, dubbii arrabni isaa dubbatuunis dhara ni ba'a (gaarii ta'e hamaa).

Duunii fi jireenyi aboo arrabaa jala jiru; warri isa jaallatan, ija isaa ni nyaatu (du'as ta'e jireenya) Fak 18:20-21.

Kutaa kana sirriiti qu'achuun dubbiin keenya bu'aa akka qabu salphaati nutti hima. Kaan gaarii fi kaan immoo hamaa fida. Dubbachuuf yeroo afaan banannu humna dubbi keenyaa xinxaaluu qabna. Ilaalcha keenya dubbanna, kanaaf sababni guddaan seexanni ilaalcha hin taane /dogoggoraa/ sammuu keenya keessa ka'uuf. Akka yaada mataa keenyatti yoo nuyi fudhanne

suuta suuta isa akka dubbannu ni beeka, kun immoo jireenya keenya keessatti hojii xuraa'aa akka raawwatuuf baalbala banuu dha.

Namni afaan isaa fi arraba isaa eeggatu, rakkinatti akka hin galleef of in eega (Fak 21:23).

Qorumsii guddaan Addunyaa kana irraa waa'ee waan nutti dhaga'amee fi waan argine haasa'u dha. Waaqayyo garuu, waa'ee dubbii isaa akka haasofnu nurraa barbaada. Haala keessa jirtu akka walaaltu yaada siif kennaa hin jiru, Ani garuu, isaan mo'achuu dandeessa siin jedha, akkasumas yeroo rakkinni kee sirraatti baay'atu akkamiitti akka dubbatu si gorsa.

Isra'elonni deemsa guyyaa kudha tokkoon xumuramuu danda'u waggaa afurtama gammoojjii keessatti dabarsan. Tuulludhuma tokkotti naanna'aa turan, cee'umsa hin argisiifne. Rakkoo baay'ee qabu, isaan keessaa komiin isa guddaa dha. Wantoonni akka yaada isaanitti deemuu yoommu didan Yeroo hunda ni gungumu, ni komatu. Yeroo nuyi mataa tulluurra yookiin gammoojjii bakka hin mijaane keessa jiraanuus Waaqayyo akka nuyi isa jajjannu fi isa galateefannu barbaada. Yeroo rakkinaa wanti nuyi dubbannu karaa dheeraa ittiin deemuuf murteessuuf nu gargaara.

Kun deemsa kee gaarii siif ta'uu danda'a, dubbiin kee garuu, humna qaba. Rom 4:17 akka jedhutti nuyi Waaqayyo isa waan hin jirre jiraachisu tajaajilaa jedha. Waaqayyo waan ta'uun irra jiru akka waan isaan ta'aniitti ilaala. Kana gochuuf, ija amantiin ilaaluu qabda. Amantiin waan hin argamne yookiin miira uumamaa keenyatti hin dhaga'ane akka dhugaatti fudhchuu dha. Amantiin kakuu Waaqayyoo fudhachuu fi akka isaan dhugaa ta'aniitti raawwachuu dha.

Yoo rakkoo qabaanne fi dhugaati Waaqayyoon yoo amane inni nu oolcha, ammuma gammaduu ni dandeenya. Sababa nuyi amantii dhabneef hamma jijjirama arginuutti eeguu hin qabnu. ammuma nuyi gadi fageenyaan isa beekne Waaqayyo dhimma keenya hojjeta.

Yeroo raajichi Hisqeel naannoo isaa ilaale, kan inni arge hunduu du'aa, lafee goge fi akka isaan deebi'anii jiraatan Waaqayyo isa gaafate. Hisqeelis deebisee "yaa Waaqayyo, kana si qofatu beeka" jedhe. Deebii isaa kana keessatti, Waaqayyo lafee kanatti dubbi Waaqayyo akka dhaga'aniif raajii akka itti dubbatu itti hime. Hisqeel akkuma abboomame raajii itti dubbachuu eegale, lafoonnis waliitti deebi'uu jalqaban. Foonii fi gulubiin itti uumamuun fi isaaniis miila isaaniin ol ka'aanii dhabachuu danda'an (Hisq 37). Fakkeenya guddaa humna sagalee Waaqayyoti.

## Dubbii Waaqayyoo guddisnee dubbachuu

Sagalee Waaqayyoo iddoo dubbatamu hundumaatti sagalee ol kaasanii dubbachuu fi akka qajeelfama hojii Hafuuratti kaayyoo dhaan akka hojjetan namoota nan barsiisa. Kun isa Waaqayyo na barsiisaa ture isa baay'ee barbaachisaa dha, akkasumas kun isa sammuu koo naaf haaressee fi jireenya koo jijjiruuf na gargaaredha. Sagaleen Waaqayyoo hafuura billaati. Inn meeshaa jabaa ittiin seexana loltu dha. Seexanni Sagalee Waaqayyo ni sodaata ni baqatas. Luqaas 4 irratti yeroo Yesuus seexanaan qoramu argina. Yesuus lafa onaa keessa ture. Inni yeroo dheeraaf hin nyaanne, seexanni immoo dubbiin isa qoruu barbaade. Yeroo seexanni isa goyyoomsuun dubbatu hundumaatti Yesuus "barreefameera" fi Macaafni cimsee soba akka mormu dubbata. Fakkeenya isa hordofuu gaafa barannu, nuyi karaa mo'ichaa keenyatti sirriitti deemaa jira.

Waan dubbatuf xiyyeefannooo itti kennuuf fedhii qabdaa? Yoo akkas taate, argachuu dandeessa, akkuma nuyi keessa akka isa tokko, jireenya kee keessatti hin ta'a jette kan hin eegne waan baay'ee sirriitti jechuu dandeessa. Akkaataa dubbi keenya qofaan sadarkaa nagaa fi gammachuu keenyaa akka xiqqeessuu fi guddisuu dandeenyu nan amana. Ani sirrii yoon ta'e, maaliif waan si gaddisiisu irra waan si gammachiisu hin dubbatu ree?

Amantiidhaan dubbachuun jireenya haaraa ati jiraattu keessa isa tokko, kanaaf ammumaa argachuuf eegalii. Wantoota akkaataa kanaan jechuu dandeessa:

- Waaqayyo na jaallata, akkasumas jireenya koof karoora gaarii qaba.
- Lafan deemu hundumaatti Ani nan gammadaa
- Waanan ittiin badhaadhuf hojjedhu hundumaatti nan milkaa'a. waaqayyo baalbala sirrii naaf baneera, akkasumas waanta sirrii hin taane cuufeera. Ani ogummaa isaa keessa nan jiraadha.
- Ani nagaadhan guutameera.
- Ani gammadaa dha.
- Ani jaalalaan deddeebi'aa.
- Wanti gaariin tokko guyyaa har'aa naaf ta'uuf jiraa. Ijoolleen koo hundinuu Waaqayyoon ni jaalatu akkasumas ni tajaajiluu.
- Gaa'illi koo guyyaa gara guyyaatti gaarii gara gaariitti jijjirama. Lafa deemu hundumaatti ani eebbifamaa dha.

Dhugumaan hundaa taarressuuf dhuma hin qabu. Waan ati dubbatu hundinuu isa sagaleen Waaqayyo jedhu akka ta'e mirkanneefachuu qabda. Waaqayyo wajjin waliin galuun kee yeroo hundaa Addunyaa haaraa hunda siif bana. Karoora Waaqayyoo hojiitti jijjiruu qabda, akkasumas hamaan akka hin hojjenneefwaanti dhaabuu danda'u homtuu hin jiru.

# BOQONNAA TORBA

## KARAA HAARAA ITTIIN OF- ILAALTU

Akkamiitti of ilaalta? Akkaataan ittin of ilaaltu akka suuraa laphee kee keessatti baattatuutti. Tajaajila koo waggaa dheeraa keessatti namoonni baay'een ofii isaanii baay'ee akka hin jaalanne arguu danda'eera. Waggoota dheeraadhaaf ofii koo wajjin hariiroo sirrii hin taane qabaachaan ture, kun immoo jireenya koo keessatti yeroo hunda summii natti ta'aa ture. Waaqayyo si jaallata, akkasumas ofii kee akka jaallatu barbaada. Ofiitummaan osoo hin taane akkaataa fayyaaleessa ta'een ofii keenya jaallachuu qabna. Waan hin qabne kennuu hin dandeessu. Waaqayyo nu jaallata akkasumas jalqaba jaalalaan nu fayyisuu jaallata, itti aansun

karaa keenya darbuu barbaada. Isa Waaqayyo akka sirriitti of jaallatuuf siif kenne jaalala hin fudhatu yoo ta'e, ati dhuguma tasuma nama biraa jaallachuu hin dandeessu.

Ilaalchi ati ofiif qabdu raawwii kee irratti hundaa'a. Baay'ee keenyaaf kun sababa, raawwiin keenya itti fufee dhaabbataan gaarii waan hin taaneef yaadni keenyaas gaarii hin ta'u. Nuyi nama guutuu miti ni dogoggoras. Wantoota sirritti hojjechuu barbaana, garuu nuyi yeroo hunda dogoggora hojjanna. Sababa kanaaf Yesuus sirriitti kan nu barbaachiseef. Inni jabina guutumaa isaan dadhabina keenya keessa ni mul'isa.

Ati Waaqayyoof ajaa'iba miti. Isan wajjin hariiroo akka uummatuuf yeroo si waame maal akka ati barbaaddu inni ni beeka ture. Inni dogoggora nuyi yeroo hunda jireenya keenya keessatti raawwanu, akkasumas jaalala fi hawwii Keenya kamuu dursee beeka. Ofii keetti baay'ee hin jabaatin. Taatee guyyaa guyyaatti araara Waaqayyo fudhachu baradhu. Yeroo hundumaa gaarii gochuu dandeessu ulfina Waaqayyof kan ta'u ka'ii hojjadhu. Sababa Waaqayyoon jaalatuuf waan gochuu dandeessu raawwadhu, malee akka inni si jaallatuuf hin godhiin. Hamma fedhu hunda inni dursee si jaallateera, akkasuma illee jaalala inni siif qabu guutuu dha. Xumura guyyaa hundumaatti, cubbuu fi dogoggora kee hundumaaf dhiifama Waaqayyo gaafadhuu, hirriba gaarii rafi, akkasumas jireenya haaraa bifa kanaan jalqabi.

Seexanni sirratti hojjata, Waaqayyo garuu siif hojjeta. Ati gara Waaqayyotti goruu qabda sabaabni isaas lama yoo walii gale humna guddaa argata. Ati Waaqayyo duratti gatii jabeessa, akkasumas ati dandeetti Waaqayyo duratti waanta bu'aa buusuu baay'ee qabda. Hammam akka irraa fagaatte qofa hin ilaaliin, hamma gara isaatti siquu akka dandeessus ilaalli malee. Ati amma Yesuus Kiristoositti nama amanee fi kun jalqaba gaarii waan hundumaa jireenya keessati rawwatee dha.

## Qajeelummaa Hubachuu

Qajeelummaan (Waaqayyo waliin ejjennoo sirrii qabaachuun) Yesuusiitti amanuun dhufa malee karaa hojii mataa keenyaa miti. Luuqisii Macaafa Qulqulluu baay'eetu waa'ee kanaa dubbata. Jajjabina keenyaaf ani muraasan tarreessa.

Isa cubbuu tokko illee hin qabne, nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka arganuutti, nuuf jedhee cubbama isa godheera (2Qor 5:21).

Kutaa kun baay'ee ajaa'iba! Kiristoos cubbuu hin qabu, inni waan nu jaalatuuf cubbuu keenya fuudhe kanaaf nuyi Waaqayyo Abbaa waliin michummaa guddaa qabachuu dandeenyeera. Yesuus akka fayyisaa lubbuu keenyatti waan fudhanneef isa wajjin sirriitti dhaabbachuun

fudhatamaa taanee akka mul'annu Waaqayyo amma godheera. Ammayyuu irra deebi'een ajaa'iba jedha.

Qooda sodaataa taanee Waaqayyo kan itti hin gammanne yookiin itti aare taanu, Kiristoos keessa taanee isa dura yoo dhaabannu akka fudhatama arganne ni beekna.

Egaa nama kan ta'e tokko illee wanta seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa hin ta'u. Seerri cubbuun maal akka ta'e nama hubachiisa (Rom 3:20).

Namni Yesuus Kiristoositti amanuudhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa in ta'a; kana irrattis wara  amanaan hundumaaf garaagarummaan hin jiru (Rom 3:22).

Haata'u malee namni tokko illee Yesuus Kiristoositti amanuudhaan malee, wanta seerri isa irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa ta'ee akka hin lakkaa'amne in beekna. Nuyi wanta seerri nama irraa barbaadu hojjechuudhaan utuu hin ta'iin Kiristoositti amanuudhaan qajeelota taanee akka lakkaa'amnuuf, Kiristoos Yesuusitti amaneerra; wanta seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan namni tokko illee qajeelaa ta'ee hin lakkaa'amu (Gal 2:16).

Yesuus Kiristoositti amanuudhaan Waaqayyo dura sirriitti akka dhaabbatte of ilaaluun kee guddina Hafuura keef baay'ee barbaachisaa dha. Kun kennaa Waaqayyo biraati. Yeroo hunda waa'ee keenya waan hin taane nutti dhagaa'ama yoo ta'e, isa Waaqayyo nutti aaru yoo filanne, humna Waaqayyoon deddeebi'uu dadhabna. Yesuusitti amanuu keenyaan seexana irratti aboo qabna, garuu qajeelummaa uffannee Waaqayyo dura sirriitti dhaabbachuu qabna, malee waan ciggaasiisaa fi yakkaan guutamuu hin qabnu.

Efesoon Boqonnaa 6, irratti  qajeelummaa qabatamaatti akka gaachanaatti akka qabannu nutti hima. Loltuu gaachanni lapheen isaa akka hin rukkatamneef irraa ittisa. Waa'ee keef sirriitti maal amanta? Amantiidhaan Waaqayyo wajjin dhaabbachuu ni amantaa? Gara isa dogoggoraa kee hunda osoo hin ta'iin, isa Yesuus siif godhe yoo ilaalte siif danda'ama. Dogoggoruu dandeessa, yeroo dogoggortu garuu dafii qalbii jijjiradhuu, dhiifama Waaqayyoo fudhadhu. Kun karaa isa tokkicha nuyi qajeelummaan deddeebi'uu dandeenyu dha. Isaan deddeebi'uun keenya qajeelummaa keenyaan miti, sababni isaas qajeelummaan keenya moofaa abaarsaati, garuu Yesuus Kiristoositti amanuun qajeelummaa gochuu fi ittiin deddeebi'uu dandeenya.

Yaadni dinqisiisaan ati ofii keef amma qabaate kun qarqaba (baakkoo) paakeejii 'jireenya haaraa' Yesuusiitti amanuun argate keessaa isa tokkoo dha.

## Ofiitti gammadi

Amma ofiitti gammaduuf bilisa baateeta. Akkasumas Waaqayyo ofiitti akka gammaddu barbaada. Waan warri kaan siin jedhaniin yookiin waa’ee kee jechuu danda’aniin hin dhiphatin ykn isaanin of hin madaaliin. Haala namoonni ittiin si ilaalan yookiin milkaa’insa jireenya kee irratti hin hundaa’in. Waaqayyo ilma isaa siif ergee, inni waa’ee keef du’uun qofa isaa bu’aa qabeessa akka ta’e Waaqayyo si barsiiseera. Kanaaf akka ati gammaduuf immoo inni sababa dha.

Waaqayyo jireenyatti gammaduu keenya akka barbaadu Macaafni Qulqulluun ifa godhee nutti hima, kun immoo ofii keenyatti hin boqonnu yoo ta’e hin dandaa’amu. Ati nama tokko akka ati baddu, daqiiqaa tokkoof illee hin ta’u. Ofii keetti hin gammaddu yoo ta’e, ati jireenya gaddiisiisaa keessa jiraatta.

Akkuma koo, tarii isa namoota biroon si beekan irraa adda ta’uu dandeessa, garuu inni gahaa dha. Dhugumaan Waaqayyoo waa kaayyoon raawwata. Inni garaagarummaa xiqqoon nu uume. Inni garaagarummaa ni jaallata. Ati nama carraa gadhee miti; ati dorgomaa kan hin qabne, sirrii fi warren kan bira irraa kalaqaman irra caalaa bu’a qabeessa dha.

Ofii kee warren biroo waliin hin dorgomsisiin akkasumas isaan duukaa wal dorgomaa jireenya kee hin fixiin (2 Qor 10:12). Of ta’i akkasuma illee ofiitti boqodhu. Akkuma nu keessa isa tokko, jijjirama ofiirratti argita, Hafuurri Qulqulluun jireenya kee hunda dhuunfatee, jijjiramni si keessatti ta’a. Ofiitti akka boqottuuf ati bilisa ba’uun kee sagalee misirachootti, hojiin immoo adeemsan raawwata.

# BOQONNAA SADDEET

## SODAA AMANTIITTI JIJJIRUU

Hundi keenya maaltu akka nama sodaachiisu beekna. Kun immoo tarkaanfii namaa dangeessa. Sodaan akka hollannu, dafqinu, dadhabbiin nutti dhaga’amu, nu taasisa, akkasuma illee waan sodaannu tookko irraa akka baqannu nu godha.

Sodaan Waaqayyo biraa miti. Inni meeshaa Seexanni jireenya gaarii isa Waaqayyo akka jiraannuf nurra barbaadu akka hin jiraane nu ittisu dha (2 Xim 1:7). Waaqayyo amantiin akka jiraannu nurraa barbaada. Amantiin guutummaa jireenya keenyaan Waaqayyo irratti hirkachuu guutummaatti amanachuu fi humna isaa, ogummaa isaa fi gaarummaa isaa amanachuu dha. Amantiin waan ijaan arguu hin dandeenyef raaga bahuu fi dhugaadha jedhanii amanuudha.

Amantiin Addunyaa hafuuraa keessatti hojjeta. Ati waan argituu fi waan sitti dhaga'amu qofa amanuuf tarii beekuu dandeessa. Garuu akka mucaa Waaqayyotti, Addunyaa hin argamne keessaa (Adunyaa Hafuuraa) jireenya gaarii argachuu si barbaachisa. Waaqayyo hafuura waan ta'eef arguu hin dandeenyu, cimsinee garuu isaatti ni amana. Nuyi Ergamoota yeroo hundaa arguu hin dandeenyu. Sagaleen Waaqayyo garuu isaan naannoo keenya buufatanii nu eega jiru jedha. Amantiin Waaqayyoo fi Sagalee isaa irratti of gatuun, Addunyaa hafuuraa bira gahuu dandeenya. Akkasumas wantoota Waaqayyo akka itti gammanuuf barbaadu garuu kan nuyi hin qabne ittiin harkiisuu dandeenya.

Seexanni yaada keenya haalota irratti akka qabnuuf, nu waamutti gammada. Akkasumas waan gara fuula duraa ta'uuf akka sodaannu yaala. Karaa biraan, Waaqayyo immoo isa akka amanannu barbaada. Haalota hundumaa gararraa akka jiru fi soda hamaa irra nu oolchu isaa akka amannu barbaada.

Macaafni Qulqulluun fakkeenyota dhiiraa fi dubartii haalota isaan sodaa keessatti of argan baay'een kan guutamee dha. Bu'aan isaa immoo laphee isaanii sodaan guutamuu dha. Garuu amantii isaanii Waaqayyo irra godhachuu murteefataniiru, akkasuma ayyaanan ooluu mi'eefataniiru. Sodaa yookiin amantiin jiraachuuf ati murteefachuu qabda. Amma yoo Kiristaana taate illee, yoo amantiin jiraachuuf hin murteefattu ta'e, waa'ee waan hundumaaf sodaan dhiphachaa jiraachuu dandeessa. Amantiidhaan Yesuus akka fayyisuu lubbuu keeti fudhateetta, tarkaanfiin itti aanu amantiin jiraachuu baruu qabda.

Qajeelummaan Waaqayyo namaaf kennu amantii irraatti bu'ureffama, gara amantiittis nama geessa. Kunis Wangeela keessattis in mul'ata; akkuma caafamee jiru immoo, "Namni amantiidhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'e jireenya dhugaa in jiraata (Rom 1:17).

Akkuma jaalala Waaqayyo hubannee fi du'ee, du'aa ka'uu Yesuusiin jireenya Waaqayyo wajjin qabaachuu keenya mirkaaneefannen, amantiin jiraachuun salphaa ta'e nutti argama. Waan nuti ofiif taasifnu caalaatti Waaqayyo akka nu kunuunsu isa amanachuu eegala.

Gootummaan sodaan jiraachuu dhiisu miti, garuu ittuma sodaan jiruu tarkaanfii fudhachuu dha malee. Waaqayyo hojjetoota isaa hin sodaatinaa yeroo jedhu, sodaan akka isaaniitti hin dhaga'amneef abboomii kenne miti, garuu hammam yoo dadhaban illee, isaf akka abboomamam hime malee. Deddeebii isaa wajjin qabnu keessatti tarkaanfii keenya yeroo hunda danqu kan yaalu hafuurri sodaa akka jiru Waaqayyo beeka. Kanaaf, inni irra deddebi'ee sagalee isaa keessatti yeroo hunda nu waliin jiraachuu isaa fi sababa kanaaf sodaaf akka gadi hin jenne kan inni dubbatuuf.

Namichi Eleanor Roosevelt akka jedhutti, “jabina argachuu, jagnumaa fi waan raawwannu hunda keessatti amanannaa akka argattuf, isa dhuggumaan fuula ilaaluu dhiisuun. Waan hojjechuu hin danda’u jette yaaddu, hojjechuu qabda.”

Waaqayyo gooftaan keessan isinii wajjin in adeema, inni gad isin hin dhiisu, isin hin irraanfatuus; kanaafis cimaa, ija jabaadhaa, isa hin sodaatinaa, hin na’inaas jedhe (Kes Deb 31:6).

Amantii qofatu Waaqayyo gammachiisa. Amantiidhaan Waaqayyoo irraa fudhanna. Kanaafuu, nama amanaa haaraa tokkof waa’ee amantii barachuu fi isa keessa deddeebi’uun wantoota baay’ee barbaachisoo keessaa isa tokko dha. Jabina amantiidhaan guddachuu, akkuma jabina maashaalee qaamaan guddachuuti. Amantii kee xiqqoo xiqqoo shaakalaa akkuma deemtu, guyyaa guyyaan jabina argachaa deemta.

Maatiwoos 17:20 waan hundumtuu warra isatti amananiif akka dandaa’amu nu barsiisa. Amantii xiqqoon ishee illee tulluu rakkinaa jireenya keenya keessa balleessuu akka danda’u dubbata. Tarii rakkoo kee furachuuf yeroo baay’ee dabarsiiteeta ta’uu danda’a, akkasuma illee raafamni fi tuffatamuun sitti dhaga’ameera ta’a. Yoo akkas ta’e, shaakala haaraatti dhuufaa jirta. Amma Waaqayyo wajjin dubbadhu (kadhadhu), akkasumas waan si ilaallatu hundumaa keessa akka siif galuuf isa afferri, yoos waan namaaf hin dandaa’amne Waaqayyo wajjin dandaa’ame argita.

Akka amantii kee siif ta’a (Mat 9:29). Jireenya kee baay’ee isaa sodaan jiraachaa turuu dandeessa. Garuu amma yeroo isaatti, soda gara Waaqayyoon amanachuuti ceeta. Karaa haaraa baruuf yeroo gaafachuu danda’a, garuu hamilee dhabdee dabarsitee hin kennin. Wanti biyya lafaa irraa hundinuu akka seera adeemsa guddina tiraanaan ykn suutan hojjata. Waan Waaqayyo nun jedhe gaafa raawwachuu itti fufnu wanti hundinuu suuta suuta jijjiramaa deema.

# BOQONNAA SAGAL

## JIREENYA ARGATEETI GAMMADI

"… Hattun, waan biraaf utuu hin ta'in, hatuudhaaf, qaluudhaaf, balleessuudhaafis in dhufti; ani garuu hoolonni jireenya haa qabaataniif irraa hafaas haa qabaataniif dhufeera"
Yoh. 10:10

Yesuus waan siif du'eef jireenya argateetti gammadi. Kana jechuun garuu karaa ati feeteen waan hundumaa argatta jechuu miti, akkasumas wantootni wal'ansoo siin qaban hin jiru jechu miti. Kana jechuun, karaa ati Waaqayyoo wajjin walitii dhufeenya qabduun rakkoo biyya lafaa keessa jiru ol taatee jiraachuu fi karaa humna Hafuura Qulqulluuttin jireenya du'a ka'umsaa Waaqayyoo wajjin, karaa isaa, isaafis jiraachuu in qodata jechuu dha.

Waaqayyoo jireenya keenya isa dhugaadha; karaa isa in jiraanna, in sochoonaas eenyumaa keenya arganna. Waaqayyootti gammaduu beekuun jireenya guyyaa guyyaatti jiraannu hundumaa keessatti gammaduuf hikkamee arganna. Isa wajjin tokkummaa qabachuun gammadi. Waaqayyoo wa'ee kee waanta ilaalatuu hundumaa siif yaada; Macaafni Qulqulluu waa'ee kee kan ilaalatuu hundumaa irratti garii akka ta'e dubbata. Inni yeroo humndumaa jireenya keenya irratti hojjachaa jira; akkasumas inni jireenya kee gara yaada ykn feedha isa guutuutti si fida.

Waaqayyoon karaa dogoggoraan sodaachuu hin qabduu. Waaqayyoof ulfina kennaa sodaachuun nuuf ta'a. Kana jechuun isa kabajuu, inni hundumaa akka danada'u beekuu fi inni waan dubbatee hundumaa akka ta'e beeku dha. Garuu inni yeroo doggoogara hojjannu hundumaa akka nutti dheekamuu fi jireenya mudaa hin qabnee irra yoo kufnee argamnee akka nu adabuu yaadaa isa sodachuu hin qabnu. Waaqayyoo waaqa araaraa fi dheekamsaaf kan hin ariifanee dha. Inni obsa qabeesa, fi inni madaalli keenya beeka. Akkasumas dadhabii fi midhama keenya in hubata.

Atti akkuma keenya yoo taatee, jireenya kee keessa fi eenyummaa kee keessatti wantoota jijjirama barbaachiisan baay'ee qabda, Waaqayyoo immoo isaan jijjiruu ni danda'a. Oduu gaariin garuu atti Waaqayyootti gammaduu dandeesa; akkasumas wanta inni jireenya kee keessatti hojjachaa jiruutti gammaduu dandeessa.

Jireenya sirii atti amma qabdu kun tarii jireenya atti akka yaadee ta'u dhisuu danda'a; garuu jireenyichi jireenya atti yeroo amma kana qabaachuu qabdu qofa dha, kanaafu atti immoo isatti gammadu jalqabu qabda. Jireenya kana keessa wanta garii barbaadi. Wantaa ta'u danda'u irratti xiyyeefadhu akkasumas wanta hundumaa keessatti wanta gaarii ta'e ilaaluu barachuu qabda. Maatii fi hiriyoota keetti gammadi. Isaaniin addan hin baasiin garuu isaaniin jijjirudhaaf baay'ee yaalii. Wantoota jijjiramaniif kadhadhu akkasumas Waaqayyoo akka isaan jijjiruuf eeyyami.

Hojii keetti, mana keetti, fi jireenya kee guyyaa guyyaati yeroo hundumaa gammadi. Waaqayyootti amanachuu fi ilaalcha gaarii qabaachuuf murteesinaan kun kan danda'amuu dha.

Ija kee Waaqayyoo irra godhadhuu malee wantoota gaarii siif hin taanee irra, jireenyaa kee irra, maatii kee irra fi biyyaa lafaa irra hin kaa'iin. Waaqayyoo karoora gaarii siif qaba akkasumas isa immo siif raawwachuuf jalqabeera. Gara fulduraa keettis gammadu dandeesa, wantoonni gaariin akka dhufuu gara fulduraa ilaali.

Namoonni baay'een gosa rakkinaa adda addaa hanga qabataniitti jireenya isaanitti gammadani jiraachuu akka hin dandeenyee amanani jiraatuu; kun garuu yaada dagoggoraati. Dagoggora kanaan dura hojjatte keessa hin turiin yookin jireenya kee kaleessatti hin gaabiin. Karaa Kiristoos Yesuus jireenya haaraa isa qabdu, isa guddaa gara fulduraa jiru yaaduu itti fufii. Waanta murteesitee hundumaati gammadu  dandeesa. Yaadadhuu, ani amma waa'ee karaa jireenya haaraa si barsiisaa jira; dabalatees waa'ee jireenya ilaalchii ati qabdu qaama jireenya haaraa kanaa akka ta'ee yaadadhuu.

Ani dhumma irratti karaa jireenya irraatti osoon deemaa jiru; eessa akka jiru beeku kootti nan gammada; attis akkuma kana akka raawwattu cimse si gorsa. Jireenya kee keessatti Waaqayyo wanta baay'ee hojjatu qaba. Akkasumas osoo inni jireenya keessatti hojeechaa jiru; jireenyi kee rakkoo keessa akka galu hin godhu. Akkuma daa'imni guddatee nama guutuu guddaa ta'u; kiristiyaanis akkasuma guddachuu qaba. Jireenyaan guddachuun akka wanti tokko ta'u caalaa yeroo kan fudhatuu adeemsa waan ta'eef imala jireenya keessatti akka hin gammadnee kan godhu qabxiin tokko illee hin jiru.

Waaqayyoo guyyaa hardhumma ka'ee nama guutuu akka taatuu si'irraa hin eegu. Dhugummaan, biyyaa lafaa kana irra yeroo jiraatuutti tasumaa, nama guutuu akka ati hin taanee in beeka. Haata'u malee inni gara fulduraatti akka tarkaanfanuu nurraa eega. Yeroo hundumaa of kenninee Waaqayyoon tajaajiluuf amanamummaan wanta dandeenyuu hundumaa gochuu qabna. Dogoggora /kufaatti/ keenya amanne fudhannee fi cubbuu keenyatti qalbii jijjiiranne dhifama gaafachuu qabna; cubbuu irraattis deebi'uuf eeyyamamaa ta'u qabna. Kana yoo gonnee; isa haafee immoo Waaqayyoo itti fufee hojjata. Inni karaa Hafuura Qulqulluu nu wajjin hojeechu itti fufa. Inni nu barsiisa, nu jijjiira, nuttis fayyadama. Kanaafuu atti karaa jireenya har'a kanaan itti fuftee tarkaanfachuu qabda. Akka ati tasumaa hin dogoggore nan amana. Waaqatti, jireenya keetti fi jireenya Yesuus siif du'e siif kennetti gammadi.

## Kadhaanaa Fayyinaa /Jireenya Barabaraa/

Waaqayyo si jaallata; si wajjiinis walitti dhufeenya dhunfaa qabaachu barbaada. Yoo Yesuus Kiristoosin akka fayyisaa lubbuu kee godhatee hin fudhanee ta'e; kana amma gochu dandeessa. Amma garaa kee banadhuti kadhanna kana kadhadhu.

*"Yaa Abba, Ani cubbamaa ta'e faallaa kee akka deemaa jiru beeka. Maalo dhiifama naaf godhi. Cubbuu koo irraa na qulleesi. Yesuus, Ilma keetti amanachuuf waadaa gala. Inni akka anaaf du'e nan amana – inni cubbuu koo, ofi isa baatee fannoo irratti akka du'e nan amana. Inni akka du'aa ka'e nan amana. Amma jireenya koo Yesuusitti dabarsee nan kenna. Yaa Abba Wa'ee kennaa araara keetif, wa'ee jireenya barabaraaf galatoomi. Siif jiraachuu akkan danda'u Gooftaa na gargaari. Maqaa Yesuusiin Ameen."*

Kadhannaa kana garaa kee irra kadhateerta yoo ta'e, Waaqayyoo si simateera, si qul-leeseerra, akkasumas waanjoo du'aa hafuuraa irraa birmaduu sibaaseera. Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi qo'achuuf yeroo kenni, akkasumas Karaa jireenya har'a argattee kana isa wajjin adeemu akka siif ta'utti akka inni sitti dubbatu Waaqayyoon kadhadhu.

| | |
|---|---|
| Yoh. 3:16 | 1Qor. 15:3-4 |
| Efe. 1:4 | Efe. 2:8-9 |
| 1Yoh. 1:9 | 1Yoh. 4:14-15 |
| 1Yoh. 5:1 | 1Yoh. 5:12-13 |

Kadhadhu, waldaa Kiristiyaanaa Macaafa Qulqullutti amantuu akka atti Kiristosiitti hariiroo cimsatee guddachuu akka dandeesuu kan si jajjabeesan argachuu akka dandeesuuf akka si gargaruu Waaqayyoon gaafadhu. Waaqayyoo yeroo hundumaa si wajjin jira. Inni baroota keessatti guyyaa tokko akkamiti jireenya irra haafaa inni siif qabu jiraachuu akka dandeesuuf si geggeesa!

## Waa’ee Barreessitu kitaaba kana

### Joyis Meeyeer

Joyis Meeyeer Addunyaa kana irratti barsiistuu Macaafa Qulqulluu hojiirra olchuu irratti kan adda duree taatee dha. New York Times A # 1 kan jedhamu joornaali irratti kitaaba barreesituun gabaa irratti baay’inaan gurguramuun sadarkaa ol-anaa kan qabu ta’e; kitaaboleen nama kakaasan torbaatamaa ol ta’an isheen barreefamani jiru. Isaan keessas Dubartii ofitti amanamummaa qabdu (The Confident woman), Siin Jajjabeessan (I dare You), Gare maatii, Waraana Sammuu keessa (The Battlefield of the Mind), kan jedhamani dha. Hojiin ishee inni jalqabaa Asoosama Saantimicha (The Penny) fi kitaabolee adda addaa dha. Dabalataanis kumatamaan kan lakka’aman ergaa sagaleen kan waraabamee; akkasumas vidiyoo warrabamee jira. Sagantaan Teleeviziyooni fi Raadiyoo “Gammachu Jireenya Guyyaa Guyyaa” jedhu biroodkasti Addunyaa maraaratti tamsa’anii jiru. Akkasumas sagantaa konfiraansi tajaajiluuf bakka baay’ee irratti adeemtee tajaajilteerti. Joyisii fi Abban mana ishe; Deev ijollee isaani wajjin St. Louis, Missouri keessa jiraata turan.